

Qajeelfama Lak.15/2013

**Qajeelfama Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa fi Muudamtoota Gumii Kan
Biroo Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Amala addaa Ogummaa Abbaa Alangummaa irratti hundaa'uun sirna madaallii raawwii hojii saayinsawaa, ifa, loogii irraa bilisa, ittigaafatamummaa hordofsiisuu fi ogummicha waliin wal-simu diriirsuun waan barbaachiseef;

Miira tajaajiltummaa fi waldorgommii Abbootii Alangaa, Muudamtoota Gumii kan biroo yookiin Ittigaafatamtoota Hojii gidduutti uumuun tajaajila Abbaa Alangummaa qulqulluu, si'ataa, fi tilmaamawaa ta'e fi dhaqqabamummaa qabu hawaasa Naannichaaf kennamuf Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa, Muudamtoota Gumii kan biroo fi Itti gaafatamtoota hojii Mana Hojichaa diriirsuun waan barbaachiseef;

Safartuuleefi agarsiiftuu madaalliin ittiin gaggeeffamu, qaamolee madaallii gaggeessuu keessatti hirmaatan, madda ragaa fi yeroo madaalliin itti gaggeeffamu karaa ifaa ta'een raawwachuuf hojimaata iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna komiin madaallii ilaachisee ka'u ittiin keessumeeffamuufi bu'aa Madaalliin Abbaa Alangaa, Muudamtoota Gumii kan biroo fi Ittigaafatamtoota Hojii hordofsiisu murteessuun waan barbaachiseef;

Sirni madaallii raawwii hojii Abbaa Alangaa qajeelfama Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaa ogummaa Abbaa Alangummaa fi ulaagaalee ifa ta'an irratti hundaa'e baasuun kan raawwatamuu qabu ta'uu isaa Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lak. 218/2013 keewwata 67 jalatti waan akekameef;

Akkaataa Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lak. 218/2013 keewwata 153 tiin Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaa Qajeelfama kana basee jira.

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa fi Muudamtoota Gumii Kan Biroo Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakk. 15 /2013” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiikkaa

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:

- 1) “**Abbaa Alangaa**” jechuun ogeessa seeraa ogummaa abbaa alangummaatiin akka tajaajilu akkaataa labsii fi **Dambiitiin** muudame jechuu dha.
- 2) “**Muudamtoota Gumii Kan Biroo**” jechuun hojettoota Mana Hojichaa ogummaa biroo qaban ta'ee, Gumii Waliigalaatiin kan muudaman jechuudha.
- 3) “**Mana Hojii**” jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaati.
- 4) “**Abbaa Alangaa Waliigalaa**” jechuun hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 5) “**Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa**” jechuun itti aanaa hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 6) “**Gumii Waliigalaa**” jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa akkaataa Labsii fi **Dambiitiin** kan hundeffame ta'ee qaama ol'aanaa dhimma Abbaa Alangaa fi Mudamtoota Gumii Biroo irratti murtii kenu jechuudha.
- 7) “**Maamila**” jechuun nama kamiyyuu tajaajila argachuudhaaf akka Mana Hojii, Dareektoreetii, Adeemsa Hojii yookiin Garee Hojiitti dhiyaatu ta'ee gosa tajaajilaa Dareektoreetiin, Waajirri, Adeemsi Hojii yookiin Garee hojii kenu irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabaatudha.
- 8) **Gumii Godinaa**” jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa akkaataa Labsii fi **Dambii** tiin sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatti hundaa'e jechuudha.
- 9) “**Itti Gaafatamaa Hojii**” jechuun Gargaaraa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Itti Gaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa, Daareektara, Itti Gaafatamaa Waajjira Boordii Dhiifamaa fi Mirga Namoomaa, Qindeessaa Dhaddachaa Dhaabbi, Qindeessaa Garee Hojii Sadarkaa Mana Hojichaa fi Godinaa, Itti Gaafatamtootaa fi Abbootii Adeemsaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaa jechuudha.
- 10) “**Labsii**” jechuun Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011 jechuudha.
- 11) “**Dambii**” jechuun Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Tumuuf Qophaa'e Lakkofsa 218/2013 jechuudha.

- 12) “**Daarektoreetii yookiin Adeemsa Hojii**” jechuun hojiilee jalqabaa hanga dhumaatti akka raawwatan tuuta Abbootii Alangaa, ogeessotaa fi hoojjattoota biraan qabachuun ergamaa fi mul’ata Mana Hojichaa galmaan gahuuf kan gurmaa’e jechuudha.
- 13) “**Garee Hojii**” jechuun Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin itti gaafatamaa yookiin Daareektoreetii yookiin Adeemsa hojii jalatti hojiilee jalqabaa hanga dhumaatti akka raawwatan tuuta Abbootii Alangaa, ogeessotaa fi hoojjattoota biraan qabachuun ergamaa fi mul’ata Mana Hojichaa galmaan gahuuf kan gurmaa’e jechuudha.
- 14) “**Daarektara**” jechuun Abbaa Alangaa Daarektoreetii Mana Hojichaa hoogganudha.
- 15) “**Abbaa Adeemsa Hojii**” jechuun Abbaa Alangaa caasaalee mana hojichaa sadarkaa Godinaa yookiin Aanaa yookiin Magalaatti Adeemsa hojii hoogganu jechuudha.
- 16) “**Qindeessaa Garee Hojii**” jechuun Abbaa Alangaa Garee hojii Mana Hojichaa yookiin caasaalee Mana Hojichaa sadarkaan jiran kan qindeessu ta’ee Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbiis kan dabalatuudha.
- 17) “**Koree Madaallii**” jechuun koree madaallii raawwii hojii Abbootii Alangaa fi Ittigaafatamtoota hojii hordofuu fi qindeessuuf bu’uura Qajeelfama kana keewwata 20 tiin hundeffame jechuu dha.
- 18) “**Istaandardii Hojii isa Xiqqaa**” jechuun tajaajila isa xiqaan manni hojiichaa ummaataaf akka kennuu isarraa eegamuu dha.
- 19) “**Komii**” jechuun bu’aa madaallii qaamni madaallii gaggeessee ifa taasise irratti qaamni madaalame firiin ibsame kun naaf hin malu jedhee yoo amane qaama komii ilaaluuf qajeelfama kanaan hundeffamee yookiin aangeeffameetti firiin madaalichaa irra deebi’amee naaf haa ilaalamu jedhee gaaffii yookiin iyyannoo dhiyeessuu dha.

3. Ibsa Koorniyaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiin ala Abbaa Alangaa, Muudamtoota Gumii kan biroo fi Ittigaafatamaa Hojii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Kaayyoo fi Qajeeltoowwan Bu'uuraa Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbaa Alangaa,

Muudamtoota Gumii Kan Biroo fi Ittigaafatamaa Hojii

5. Kaayyoo Madaallii Raawwii Hojii

Madaalliin bu'aa raawwii Abbaa Alangaa, Muudamtoota Gumii kan biroo fi Ittigaafatamtoota Hojii kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Ergamaa fi mul'ata mana hojichaa milkeessuu keessatti gahee tokkoon tokkoo Abbaa Alangaa, Muudamaan Gumii kan biroo fi Ittigaafatamaan hojii qabu adda baasuuf;
- 2) Kabaja ogummaa Abbaa Alangummaa cimsuufi Ittigaafatamummaa mirkaneessuuf;
- 3) Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa dagaagsuuf;
- 4) Bu'aa raawwii hojiitiif beekamtii kenuuuf;
- 5) Dandeettii raawwachiisummaa humna nاما dabaluuf;
- 6) Carraa guddinaa fi miira dorgommii uumuuf;
- 7) Hojjettoota sadarkaa sadarkaan aangessaa deemuuf;
- 8) Deeggarsaa fi hordoffii bu'aarratti xiyyeeffate kenuuuf ;
- 9) Tajaajila lammuin argachuu qabu istandardawaa taasisuun ga'umsaa fi bu'a-qabeessummaa dabaluuf;
- 10) Hooggansa bu'aa raawwii hojjetaa fi mana hojii sadarkaa hundatti waldubbisu hojiirra oolchuuf.

6. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Sirna Madaallii

Madaalliin akka mana hojichaatti gaggeeffamu qajeeltoowwan armaan gadii bu'uura godhachuu qaba:

- 1) Madaalliin bu'aa raawwii hojjetaa hojii guyyaa guyyaa yookiin adeemsa ta'uusa fi taatee yeroo tokko akka hin taane beekamuu qaba;
- 2) Madaalliin gaggeeffamu hojii Mana Hojichaa bu'aa qabeessaa taasisuu fi Abbaa Alangaa gahoomsuu irratti xiyyeeffachuu qaba;
- 3) Bilisummaa ogummaa Abbaa Alangummaa haala hin sarbineen gaggeeffamuu qaba;
- 4) Madaalliin gaggeeffamu haala loogii irraa bilisa ta'e, iftoominaa qabuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuun raawwatamuun qaba;
- 5) Hojii kamifiyyuu istandardiin kenninsa tajaajila isa xiqqaa karaa hirmaachisaa ta'een adda bahuu fi hubannoон irratti uumamuu qaba;

- 6) Adeemsi madaallii waliigalaa hirmaachisaa ta'uu qaba;
- 7) Namni kamiyyuu madaalamuu kan danda'u akkaataa Dambichaatiin qacaramee ji'a jaha yoo guutedha.
- 8) Madaalliin gaggeeffamu bu'uura Qajeelfama kanaatiin raawwatamuu qaba.

Kutaa Sadii

Ulaagaa fi Safartuu Madaallii

Kutaa Xiqqaa Tokko

Ulaagaa fi Safartuu Madaallii Abbaa Alangaa fi Muudamtoota Gumii Kan Biroo

7. Ulaagaa Madaallii

Madaalliin Abbaa Alangaa fi Muudamtoota Gumii kan biroo safartuulee baay'ina hojii, qulqullina hojii, saffina, naamusa fi dandeettii ogummaa fi gahumsa waliigalaa bu'uura godhatee kan gaggeeffamuu yoommuu ta'uu qabiyteen qabxii isaas akka armaan gadii ta'a:

- 1) Baay'ina Hojii (20%)
- 2) Qulqullina Hojii (30%)
- 3) Saffina Hojii (20%)
- 4) Naamusa(15%)
- 5) Dandeettii ogummaa fi gahumsa waliigalaa (15%)

8. Safartuu Baay'ina Hojii

- 1) Baay'inni hojii Abbaa Alangaa fi Muudamaa Gumii kan biroo kan madaalamuu akka Daarektooreetii/ Adeemsa/ Garee Mana Hojii madaalamaan ramadamee hojjetu keessatti hojii waliigalaa hojjetaman keessaa Abbaan Alangichaa/ogeessichii gahee hammamii qaba kan jedhuu bifa agarsiisuun ta'a.
- 2) Baay'inni hojii Abbaa Alangaa fi Muudamaa Gumii kan biroo kan madaalamuu hogganaa dhiyootiin ta'a.
- 3) Baay'inni hojii fi agarsiiftuun isaa akkaataa Daarektooreetii/ Adeemsa/ Garee Mana Hojiichaa madaalamaan keessatti ramadamee hojjetu irratti hundaa'ee garaagarummaa qabaachuu kan danda'u ta'ee haalli shallaggii qabxii isaas **miiltoo agarsiiftuu baay'inaa** qajeelfama kanaan walqabate keessatti bu'uura ibsameen ta'a.

9. Safartuu Qulqullina Hojii

- 1) Qulqullinni Hojii Abbaa Alangaa fi Muudamaa Gumii kan biroo kan madaalamuu bu'uura Istaandardii qulqullinaa kenniinsa tajaajila isa xiqqaa bu'uura godhachuun yommuu ta'uu,

bu'aa madaallii qulqullinaa hojilee hundaa ida'uun qabxii giddugaleessaa baasuun gara 30%tti jijiiruudhaan ta'a.

- 2) Qulqullinni hojii Abbaa Alangaa kan madaalamuu hogganaa dhiyootiin ta'a.

10. Safartuu Saffina Hojii

- 1) Saffinni Hojii Abbaa Alangaa fi Muudamaa Gumii kan biroo kan madaalamuu bu'uura **Istaandardii saffina kenniinsa tajaajilaa isa xiqqaa bu'uura godhachuun yommuu ta'uu, bu'aa madaallii Saffinaa hojilee hundaa ida'uun qabxii giddugaleessaa baasuun gara 20%tti jijiiruudhaan ta'a.**
- 2) Saffinni hojii Abbaa Alangaa kan madaalamuu hogganaa dhiyootiin ta'a.

11. Safartuu Naamusaa

- 1) Naamusni Abbaa Alangaa, Muudamaa Gumii kan biroo yookiin Ittigaafatamaa Hojii kan madaalamu akkaataa qajeeltoo naamusaa Abbaa Alangummaatiin ta'ee, dhimmoota armaan gadii bu'uura godhachuun ta'a:
 - (a) Amanamummaa;
 - (b) Al-Loogummaa;
 - (c) Ejjannoo Gaarii;
 - (d) Iftoomina;
 - (e) Itti gaafatatummaa;
 - (f) Icciitii Eeguu;
 - (g) Mirgaafi Faayidaa Uummataaf Dursa kennuu;
 - (h) Fakkeenyummaa;
 - (i) Tajaajilamaa kabajaan keessummeessuun gaaffii isaatiif Deebii Gahaa Kennuu;fi
 - (j) Sochii Siyaasaa irraa of Qoqqobuu.
- 2) Naamusni Abbaa Alangaa kan madaalamuu naamusaa inni Ogummaa Abbaa Alangummaa kabajuu fi Kabachiisuu keessatti iddo hojii fi hawaasa keessatti qabu bu'uura godhachuun ta'ee haala hirmaachisaa ta'een kan raawwatamu ta'a.
- 3) Haalli shallaggii fi safartuu madaallii naamusaa miiltoo safartuu naamusaa qajeelfama kanaan walqabate keessatti bu'uura taa'een yommuu ta'uu qabxiin isaa cuunfamee **15%** keessaa ta'a.

12. Safartuu Madaallii Dandeettii Ogummaa fi Gahumsa Waliigalaa

- 1) Dandeettiin ogummaa fi gahumsi waliigalaa Abbaa Alangaa yookiin Muudamaa Gumii kan biroo kan madaalamuu dhimmoota armaan gadii tilmaama keessa galchuun ta'a:
 - (a) Abbaa Alangaa yoo ta'ee beekumsa seeraa qabu fi Muudamaa Gumii kan biroo yoo ta'e immoo beekumsa ogummaa isaa;
 - (b) Bilisummaa ogummaa Abbaa Alangummaa kabachiisuu fi ergama Mana Hojichaa galmaan gahuu irratti cimina qabu;
 - (c) Gahumsa ogummaa Hojii isaa cimsachuu fi beekumsa fi muuxannoo isaa garee waliin hojjetu, fi hawaasaaf quoduuf tattaffii taasisu;
 - (d) Qindoominaan hojjeechuu fi garee keessatti gumaacha taasisuu fi yaada furmaataa akeekuu;fi
 - (e) Ragaalee fi odee effannoo haala gaariin qindeessanii qabachuu fi itti fayyadamuu.
- 2) Madaallii dandeettii ogummaa fi gahumsa waliigalaa kan gaggeeffamuu karaa hirmaachisaa ta'een yommuu ta'uu safartuun isaa miiltoo qajeelfama kanaan walqabate keessatti bu'uura hammatamee jiruun ta'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Ulaagaa fi Safartuu Madaallii Ittigaafatamaa Hojii

13. Safartuu Madaallii Ittigaafatamaa Hojii

Ittigaafatamaan Hojii Mana Hojichaa safارتىلە ماداالىي ارماان گەدىتىن كەن مادالامان تا'a:

- (a) Bu'aa Qabeessummaa Hojii (**Bu'aa Raawwii Karoora**) (60%)
- (b) Dandeettii Gaggeessummaa fi Gahumsa ogummaa (25%)
- (c) Naamusa (15%)

14. Safartuu Bu'aa Qabeessummaa Hojii

Bu'a qabeessummaan hojii ittigaafatamtoota hojii kan shallagamuu Ittigaafatamaan **hojii karoora hojii kan waggaa, kan kurmaanaa fi kan ji'aa** sirnaan baafachuun **karoorichaa galmaa'an ga'uuf daandeettii inni agarsiisee** fi **bu'aa raawwii gareen/Adeemsi/Darektooreetiin/Manni Hojii inni** hogganu galmeessise kallattiidhaan fudhachuun gara 60% jijiiruudhaan ta'a.

15. Safartuu Dandeettii Gaggeessummaa fi Gahumsa Ogummaa

- 1) Dandeettiin gaggeessummaa fi gahumsi ogummaa ittigaafatamtoota hojii safartuuwwan armaan gadii bu'uura godhachuudhaan kan madaalamu ta'a:

- (a) Karoora Daarektooreetii/ Adeemsa/ Garee Mana Hojiichaa karaa guutuu fi hirmaachisaa ta'een yeroodhaan qopheessuu;
 - (b) hojettota biratti miira gareen hojjechuu jajjabeessuufi kaka'umsa uumuu;
 - (c) Hojjettootaa gahoomsuum, aangessuu fi hojii qoodee kennun tooftaalee hojiwwan ittiin milkaa'an akekuun gahee isaanii akka bahan gochuu;
 - (d) To'annoo istaandaardii raawwii sirri ta'e diriirsuu, istaandaardii fi raawwii walmadaalchisaa deemuu fi tarkaanffii sirreffamaa fudhachuu;
 - (e) Dandeettii rakkowwan mudachuu danda'an tilmaamuu fi furuu;
 - (f) Dandeettii hooggantoota, hojjettoota fi qooda fudhattoota waliin akkaataa seeraatiin waliigaltee fi qindoominaan hojjechuu;
 - (g) Dandeettii yaada isaa sirnaan ibsachu;
 - (h) Dandeettii qabeenya fi humna namsa sirnaan hoogganuu;
 - (i) Dandeettii hojmaata haaraa fi tekinoolojitti dafee of madaqsuu fi ittiin hojjechuu;
 - (j) Dandeettii madaallii raawwii hojii hojjettoota ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun sirnaan gaggeessuu fi gabaasa gochuu;
 - (k) Dandeettii hojjettoota fedhii addaa qabanii kan akka dubartootaa, qaama miidhamtootaa fi kanneen walfakkaatan biroo tilmaama keessa galchuun hooggansa kennuu; fi,
 - (l) Ofii isaa fi hojjettoota biro gahoomsuuf kaka'umsaa fi dandeettii qabaachuu.
- 2) Shallaggiin qabxii madaallii dandeettii gaggeessummaa fi gahumsa ogummaa ittigaafatamtoota hojii kan gaggeeffamuu haala agarsiiftuuwwan isaa **miiltoo qajeelfama** kanaan walqabate keessatti ibsameen ta'a.

16. Safartuu Madaallii Naamusaa

Naamusni Ittigaafatamaa Hojii kan madaalamu akkaataa qajeeltoo naamusaa Abbaa Alangummaa Qajeelfama kana keewwata 7 jalatti tumameen ta'a.

Kutaa Afur

Tooftaa Madaallii fi Qaamota Madaallii Gaggeessan

17. Tooftaa Madaallii

- 1) Madaalliin raawwii hojii Abbootii Alangaa, Mudamtootaa Gumii kan biroo fi Ittigaafatamtoota Hojii Mala Madaallii Qindaa'aa (mala madaallii digirii 360) jedhamuun beekamuun kan gaggeeffamuu ta'a.

- 2) Madaalliiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin gaggeeffamuu madaallii raawwii hojii karoora, madaallii maddoota ragaa maamila, madaallii garee, madaallii ofiin of madaaluu fi madaallii hogganaa dhiyoo fayyaadamuu ta'a.
- 3) Hogganaa dhiyoo jechuun akkaatuma itti waamama gurmaa'insa isaatiin kan ilaalamu ta'ee,
- (a) Daareektaroota/Ittigaafatamaa Waajjiraa/Qindeessaa Garee itti waamamni isaanii Abbaa Alangaa Waliigalaatiitiif ta'an, Abbaa Alangaa Waliigalaa;
 - (b) Ittigaafatamtoota Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiif, Abbaa Alangaa Waliigalaa;
 - (c) Daareektaroota yookiin Ittigaafatamaa Waajjiraa yookiin Qindeessaa Garee itti waamamni isaanii Itti-Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ta'an, Itti-Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa;
 - (d) Qindeessitoota Dhaddachaalee Dhaabbiif, Itti-Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Damee Falmii Seeraa;
 - (e) Ittigaafatamtoota Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaatiif, Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa
 - (f) Qindeessaa Gareetiif Abbaa Adeemsaa yookiin Daareektara ta'ee, bakka itti waamamni Qindeessaan Garichaa Ittigaafatamaa Mana Hojiitiif ta'etti, Ittigaafatamaa Mana Hojichaa;
 - (g) Abbootii Alangaa/Muudamaa Gumii Garee keessa jiraniif Qindeessaa Garichaa;
 - (h) Abbootii Alangaa Qindeessaa Garee hinqabneef Abbaa Adeemsaa yookiin Daareektara;
 - (i) Abbootii Alangaa Qindeessaa Garee fi Abbaa Adeemsaa yookiin Daareektara hin qabneef Ittigaafatamaa Mana Hojichaa hogganaa dhiyoo ta'uudhaan madaallii kan gaggeessan ta'a.

18. Qaamoota Madaallii Abbaa Alangaa fi Muudamtoota Gumii Gaggeessanii fi Safartuu isaa

- 1) Maddaalliiin Abbootii Alangaa fi Muudamtoota Gumii kan biroo qaamota fi haala armaan gadiitiin kan madaalamu ta'a:
 - a) Raawwii Karoraa hojii hoogganaa dhiyootiin kan guutamuu (70%),
 - b) Madaallii miseensi garee waliin hojjatu guutu (10%),
 - c) Madaallii hojjetaan ofiin of-madaaluu (5%),fi
 - d) Madaallii maamilaan kennamuu (10%)
 - e) Madaallii hoogganaan dhiyoo dhimma naamusaa irratti kenuu (5%) kan qabatu ta'a.

- 2) Madaalliin keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akkaataa safartuu miiltoo qajeelfama kanaa waliin walqabatee jiruutiin kan raawwatamu ta'a.

19. Qaamoota Madaallii Ittigaafatamaa Hojii Gaggeessanii fi Safartuu isaa

- 1) Madaalliin Ittigaafatamaa Hojii akkaataa armaan gadiitti kan raawwatamu ta'a:
- (a) Madaallii raawwii karooraan Mana Hojii/Darektoreetii/Adeemsa/Gareen hojii argate (60%);
 - (b) Madaallii miseensota Daarektoreetii/Garee sana jala jiraniin guutamu (10%);
 - (c) Madaallii Maamilaan kennamuu (10%);
 - (d) Madaallii Ofiin of madaaluu (5%); fi
 - (e) Madaallii Hogganaa dhiyoo (15%).
- 2) **Madaallii raawwii karooraan keewwata kana keewwatta xiqqaa 1(a) jalatti ibsame ulaagaa madaallii manni hojichaa qopheessu irratti hundaa'uun akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:**
- (a) Madaalliin raawwii karooraan Mana Hojii, Daayrektoreetii ykn adeemsalee , fi kan garee kallttiin itti gaafatamaa mana hojichaatiif itti waamaman koree madaallii mana hojiichaa sadarkaa sadarkaan jiraniin madaallamee manajimantii maan hojiitiif dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'a;
 - (b) Madaalliin raawwii karooraan kan garee hojii kallattiin itti gaafatamaa mana hojjichaaf osso hin ta'iin kutaalee hojii adda addaatiif itti waamaman immoo itti gaafatamaa kutaa hojiichaatiin erga gaggefameen booda bu'aan isaa koree madalliif dhiyaatee qindaa'ee gumii bulchiinsaa Abbootii alangaa sadarkaan jiraniif dhiyaatee kan mirkana'u ta'a.
- 3) Madaalliin keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b-e) jalatti ibsame akkaataa safartuu miiltoo qajeelfama kanaa waliin walqabatee jiruutiin kan raawwatamu ta'a.

Kutaa Shan

Qaamolee Madaallii Qindeessanii fi Ittigaafatamummaa Isaanii

20. Hundeffama Qaamolee Madaallii Qindeessanii

Koreen madaallii raawwii hojii Abbootii Alangaa,Mudamtootaa Gumii kan biroo fi Ittigaafatamoota hojii hordofanii fi qindeessan kan booda "Koree Madaallii" jedhamanii kan waamaman sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaa fi magalaatti Qajeelfama kanaan hundeffameera.

21. Ulaagaa Filannoo Miseensota Koree Madaallii

Qaan ni kamyuu miseensa Koree Madaallii yammuu filatu ulaagaalee armaan gadii tilmaama keessa galchuu qaba:

- 1) Hojii Mana Hojichaa fi Abbaa Alangummaa irratti beekumsaa fi hubannoo gahaa kan qabu;
- 2) Maalummaa fi kaayyoo sirna madaallii irratti hubannoo fi beekumsa gahaa kan qabu.
- 3) Naamusa, dandeettii fi kaka'umsa hojii isaatiin hawaasa mana hojichaa biratti fakkeenyummaa gaarii ta'ee fudhatama kan qabu;
- 4) Loogummaa haala kaminuu calaqqisu irraa bilisa kan ta'e;
- 5) Hubannoo fi muuxannoo gareen hojjechuu kan qabu;
- 6) Dandeettii yaada haaraa maddisiisuu, ragaa walitti qabame xiinxaluu fi madaaluu kan qabu;
- 7) Soda fi saalfii tokko malee ciminaa fi hanqina dhugaan jiru ifatti dubbachuu kan danda'u;fi
- 8) Dandeettii fi amala icciitii eeguu kan qabu.

22. Miseensota Koree Madaallii Waliigalaa

- 1) Koreen madaallii Waliigalaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - a) Daarekteera Hooggansa Qabeenya Humna Namaa walitti qabaa
 - b) Qindeessaa ijaarsa dandeettii ----- Barreessaa
 - c) Gumii Waliigalaatiin Abbootii Alangaa keessaa kan filataman nama 2-----miseensa
 - d) Daarikteera karoora,Bajataa fi Gamaggama Raawwii-----miseensa
 - e) Abbootii Alangaatiin kan filataman Abbaa Alangaa 2-----miseensa
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsamee jiraatus koreen madaallii sadarkaa dhaddacha dhaabbiitti hundaa'uu miseensota armaan gadii kan of keessaa qabu ta'a:-
 - a) Qindeessaa dhaaddacha dhaabbi walitti qabaa
 - b) Gumii waliigalaatiin kan bakka bu'uu Abbaan alangaa 1----- missensa
 - c) Abbootii Alangaatiin kan filataman Abbaa Alangaa 1----- miseensa
 - d) Hojjetaan qophii karoora, baajataa fi gamaggamaa 1. sagalee malee ----- barreessaa
- 3) Miseensotni koree kuni yommuu filatamuu haala danda'ameen dubartoota hirmaachisuu qaba.

23. Miseensota Koree Madaallii Godinaa

- 1) Koreen Madallii Godinaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - a) Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiin kan bakka bu'u Abbaa Alangaa 1--
----- walitti qabaa
 - b) Gumii Abbootii Alangaa Godinaatiin kan filataman abbaa alangaa 1----- Miseensa
 - c) Abbootii Alangaatiin kan filatamuu Abbaa Alangaa 1----- Miseensa
 - d) Hojjetaa hooggansa qabeenya namaa Godinaa irraa nama 1(Sagalee malee) ----Barreessaa
- 2) Miseensotni koree kuni yommuu filatamuu dubartoota haala hirmaachiseen ta'uu qaba.

24. Miseensota Koree Madaallii Aanaa/Magaala

- 1) Koreen Madaallii Aanaa/Magaalaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa ----- walitti qabaa
 - (b) Abbaan Adeemsa hojii Yakkaafi hariroo hawaasaa 1 missensa.
 - (c) Abbootii Alangaatiin kan filataman abbaa alangaa 1----- Miseensa
 - (d) Hojjetaa hooggansa qabeenya namaa Aanaa/Magaalaa irraa nama 1(Sagalee malee)-- Barreessaa
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame jiraatus bakka baay'inni Abbaa Alangaa jiru sadii hin guunnetti Abbootiin Alangaa jiran miseensa ta'uun ni hojjatu.
- 3) Miseensotni koree kuni yommuu filatamuu haala danda'ameen dubartoota hirmaachisuu qaba.

25. Gahee, Ittigaafatamummaa fi Itti Waamama Koree Madaallii

- 1) Koreen madaallii sadarkaa sadarkaan jiru gahee fi hojii armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Adeemsi madaallii haala hirmachisummaa fi iftoomina qabuun akka raawwatamu ni taasisa;
 - (b) Foormaatiiwwan madaalliin ittiin gaggeeffamuu mijeessuun qaama dhimmi ilaalu dhaqqabsiisuun yeroo kenname keessatti madaalliche akka gaggeeffamuu ni qindeessa.
 - (c) Madaalliin Abbootii Alangaa madda raga sirrii fi qabatamaa irratti hundaa'ee gaggeeffamuu isaa ni mirkaneessa.
 - (d) Bu'aa madaallii adeemsa hin eeggannee fi ragaa qabatamaa hin qabnee akka sirratu ni taasiisa yookiin tarkaanfii sirreeffamaa biroo ni fudhata.
 - (e) Koree komii ilaalu irraa gaaffii fi ibsa gaafatameef deebii ni kenna.

- (f) Ragaanii fi qabxiin madaallii ifa hin taanee fi shakkisiisaa ta'e yeroo qunnamutti qulqulleessuun akka sirratuu ni taasisaa. Barbaachisaa ta'ee yoo argame qaamni dhimmi ilaallatuu dhiyaatee akka ibsu ni taasisa.
 - (g) Madaalliin yammuu xumuramu cuunfaa bu'aa madaallii waliigalaa karaa walitti qabaa koreetiin Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Godinaa yookiin Waliigalaatiif dhiyessee akka mirkanaa'u ni taasisa;
 - (h) Adeemsa raawwii Madaallii keessatti rakkolee qunnaman, furmaata kennamee fi kan humnaa ol ta'an irratti gabaasa yeroon yeroon akkaatuma haala isaatti Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiif ni dhiyeessa;
- 2) Miseensi koree Madaallii kamiyyuu hojii akka Koreetti raawwatuuf Ittigaafatamummaa ni qabaata.
 - 3) Koreen Madaallii Dhaddacha Dhaabbii madaallii erga gaggesseen booda ragaa guutuu waliin koree madaallii waliigalaatiif ni erga.
 - 4) Koreen Madaallii Waliigalaa bu'aa madaallii sadarkaa Abbootii Alangaa Naannoo fi Ittigaafatamtoota Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa akka mirkanaa'uuf Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.
 - 5) Koreen Madaallii Waliigalaa bu'aa madaallii sadarkaa Gumii Godinaatiin mirkanaa'ee dhiyaatuu walitti qindeessuun beekamtii yookiin tarkaanfii barbaachisaa akka fudhachuu danda'uuf Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.
 - 6) Itti waamani Koree Madaallii Waliigalaa fi koree madaallii dhaddacha dhaabbii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yommuu ta'uu Koreen Madaallii Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa fi Aanaa/Magaalaa immoo Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiif ta'a.

26. Gahee fi Ittigaafatamummaa Gumii Waliigalaa

Gumiin Waliigalaa gahee fi Hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Akkaataa qajeelfama kanaatiin Koreewan Madaallii sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa hundatti hundeffamuu isaanii ni mirkaneessa; koreewan kanas ni deeggara, adeemsaa fi hojii isaanii olaantummaadhaan ni to'ata.
- 2) Gabaasa Koree Madaallii Waliigalaatiin dhiyaatu irratti hundaa'ee bu'aa madaallii ni mirkaneessa ykn sirrefamni barbaachisaa ta'ee akka taasifamu ni ajaja.

- 3) Komii bu'aa madaallii Koree Madaallii Waliigalaa irratti dhihaatu irratti ol'iyyannoo dhagahuun murtii barbaachisaa ni kenna.
- 4) Yaada Koree komii Madaallii Waliigalaatiin dhihaatuu irratti hundaa'uun murtii barbaachisaa ni kenna.
- 5) Yaada Koree Madaallii Waliigalaatiin dhihaatuuf irratti hundaa'uun raawwii hojii Abbaa Alangaatiif beekamtii, badhaasa yookiin onnachiiftuuwwan biroo ni kenna. Kanneen raawwii hojii gad-aanaa qabaniif immoo akka barbaachisummaa isaatti leenjii barbaachisu akka argataniif haala ni mijeessa yookiin tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata.

27. Gahee fi Ittigaafatamummaa Gumii Godinaa

Gumiin Godinaa gahee fi Hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Akkaataa qajeelfama kanaatiin Koreewwan Madaallii sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa fi Aanaa/Magaalaatti hundeffamuu isaanii ni mirkaneessa; koreewwan kanas ni deeggara; adeemsaa fi hojii isaanii olaantummaan ni to'ata.
- 2) Gabaasa Koree Madaallii Godinaatiin dhiyaatu irratti hundaa'ee bu'aa madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Godinaa fi Aanaa/Magaalaa ni mirkaneessa ykn sirreefamni barbaachisaa ta'ee akka taasifamu ni ajaja.
- 3) Ragaawan Madaallii Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa ilaallatanii fi bu'aa madaallii sadarkaa Gumii Godinaatiin mirkanaa'ee walitti qindeessuun koree Madaallii Waliigalaatiif ni erga.
- 4) Komii bu'aa madaallii Koree Madaallii Godinaa fi Aanaa/Magaalaa irraa ol'iyyannoo dhagahuun murtii barbaachisaa ni kenna.
- 5) Yaada Koree komii Madaallii Godinaatiin dhihaatuu irratti hundaa'uun murtii barbaachisaa ni kenna.
- 6) Yaada Koree Madaallii Godinaatiin dhihaatuu irratti hundaa'uun raawwii hojii Abbaa Alangaatiif beekamtii, badhaasa yookiin onnachiiftuuwwan biroo ni kenna. Kanneen raawwii hojii gad-aanaa qabaniif immoo akka barbaachisummaa isaatti leenjii barbaachisu akka argataniif haala ni mijeessa yookiin tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.

28. Sirna Walgahii fi Kenniinsa Murtii Koree Madaallii

- 1) Miseensota koree Madaallii keessaa harki 2/3 yoo argaman walgahiin guutuu ta'a.

- 2) Murtiin korichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'ee yaadni walitti qabaan deeggarame murtii korichaa ta'a.
- 3) Koreen Madaallii hojii hojjetu hunda qaboo yaa'iin deeggaramee raga qabachuu qaba.

29. Bara Tajaajilaa fi Haala Miseensi Koree Madaallii Miseensummaa Irraa Itti Hir'ifamu

- 1) Miseensi Koree Madaallii filatame tokko hojii madaallii kan hojjetu guyyaa filatame irraa kaasee waggaa 2'f ta'ee, yeroo hojii waggaa tokko hin caalleef irra deebiin filatamuu ni danda'a.
- 2) Miseensi Koree Madaallii tokko haalota armaan gadiitiin miseensummaa irraa hir'ifamu ni danda'a:
 - (a) Hojii idilee isaa yoo gadi lakkise;
 - (b) Hanqina naamusaa yoo agarsiise;
 - (c) Sababa hanqina gahumsaa yookiin rakkoo fayyaatiin dirqama isaa bahachuu kan hin dandeenye ta'uun yommuu mirkanaa'ee;
 - (d) bara tajaajilaa isaa yoo xumure; yookiin
 - (e) yeroo dhimmisaa ilaalamuu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(d) jalatti kan ibsame miseensota filataman qofa kan ilaallatudha.
- 4) Miseensi koree madaallii akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a-d)tiin yoo hir'ifame miseensi biraa bakka buufamuu qaba.

Kutaa Jaha

Madda Ragaa fi Yeroo Madaallii Itti Gaggeeffamu

30. Madda Ragaa

Madaallii Abbaa Alangaa, muudamtoota gumii kan biroo fi Ittigaafatamtoota hojii yommuu gaggeeffamuu akka barbaachisummaa isaatti maddi raga kanneen armaan gadii ta'uu danda'a:

- 1) Galmee dhuunfaa Abbaa Alangaa;
- 2) Karoora hojii kan wagga, kan kurmaanaa fi kan ji'aa ittigaafatamtoota hojii fi gabaasa raawwii isaanii;
- 3) Karoora fi raawwii hojii Abbaa Alangaa;
- 4) Madaallii raawwii hojii qulqullinaa fi saffina hojii irratti hoogganaan dhiyoo guyyaa guyyaan Abbaa Alangaaf kennuu;

- 5) Qaboo yaa'ii marii Paanalii yookiin Garee Abbootii Alangaa fi waltajjii addaa addaa irratti kennamu;
- 6) Gabaasa istaatiksii;
- 7) Yaada miseensotni garee, maamilli fi qooda fudhatootni/dhimmaamtoonni kallattii adda addaatiin kennan;
- 8) Gamaggamaa fi hordoffii gaggeeffamuu;yookiin
- 9) Dhimma naamusaa Abbaa Alangaa irratti yaada uummatni kennuu.

31. Dirqama Abbaa Alangaa, Muudamaan Gumii kan biroo fi Ittigaafatamaa Hojii Ragaa Qabachuu Irratti

- 1) Abbaan Alangaa yookiin Muudamaan Gumii kan biroo tokko hojii hojjetu hunda ragaa qabatamaa qabachuudhaan yoo xiqlaate ji'a ji'aan hogganaa dhiyoo isaatiif gabaasa gochuu qaba.
- 2) Ittigaafatamaan hojii Abbootii Alangaa yookiin Muudamtoota Gumii kan biroo isa jalatti hojjetan hundaaf bifa madalawaa ta'een hojii kennun raawwii hojii isaanii harcaatii tokko malee baay'iina, qulqullina fi saffina isaa yeroo yeroon madaaluun raga isaa qabachuu qabu.
- 3) Ittigaafatamaan hojii ragaa baay'iina, qulqullina fi saffina raawwii hojii Abbaa Alangaa agarsiisuu bakka tokkotti cuunfuun akkaataa qajeelfama kanaatiin qabxii erga kennee booda yeroo koree madaalliitiin yookiin qaama dhimmi ilaallatuun gaafatamuu dhiyeessuu qaba.

32. Yeroo Madaalliin Itti Gaggeeffamu fi Ifa Ta'u

- 1) Madaalliin waggaatti marsaa lama gaggeeffama.
- 2) Madaalliin marsaa 1^{ffaa} Amajji 1 hanga Amajji 30 kan gaggeeffamuu yommuu ta'uu, madaalliin marsaa 2ffaa immoo Adoolessa 1 hanga Adoolessa 30 keessatti gaggeeffamuu qaba.

33. Bu'aa Madaallii Ibsuu

- 1) Bu'aaan Madaallii qaama dhimmi ilaaluun erga mirkanee'ee booda bakka Madaalamaan arguu danda'utti maxxanfamuu qaba.
- 2) Bu'aaan madaallii ifa erga ta'ee booda madaalamaan komii hin qabu taanaan bu'aa madaallii irratti mallatteessuun galmeed dhuunfaa isaa keessa ta'a.
- 3) Abbaan Alangaa bu'aa madaallii ifa ta'e irratti komii kan qabu taanaan akkaataa qajeelfama kana keewwata 41 tiin kan keessummeeffamu ta'a.

Kutaa Toorba

Shallaggii Qaphxiilee Madaallii fi Bu'aa Madaalliin Hordofsiisu

34. Haala Shallaggii Qabxii Keessatti Dhimmoota Ilaalamuu Qaban

- 1) Kenninsi qabxii madaallii kan gaggeeffamu safartuu raawwii hojii, Naamusa fi gahumsa ogummaa giddu galeessa gochuudhaan ragaa jiru irratti hundaa'uuni dha.
- 2) Hojiin gareen hojjatamu hundi gumaachi miseensotni garee keessatti gumaachan qindeessaa gareetin kan guutaman ta'ee hojii garee kufef kufaatiin kan miseensa hundaa, milkaa'inaaf ammoo gumaachi tokkoon tokkoo miseensa adda bahee madaalama.
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee madaallii gaggeeffamu keessatti yaadni addaa Abbaan Alangaa garee keessatti kennee kan gareerraa adda bahee itti madaalamuu qaba.

35. Shallaggii Bu'aa Madaallii Abbootii Alangaa fi Muudamtoota Gumii kan biroo

- 1) Shallagiin bu'aa madaallii Rawwii Hojii Abbootii Alangaa fi Muudamtoota Gumii kan biroo kan gaggeeffamuu qabxii madaallii raawwii hojii kan baay'inaa (20%), Kan qulqullinaa (30%) fi kan Saffinaa (20%) walitti ida'uun 70% keessaa bu'aa argamuun ta'a.
- 2) Shallagiin bu'aa madaallii naamusaa 15% keessaa kan qabamu ta'ee hoogganaan dhiyoo 5%, miseensotni garee 5% keessaa fi Maamiltoonni kan kennan 5% keessaa shallaguun walitti ida'amee 15% keessaa bu'aa argamuun ta'a.
- 3) Shallagiin bu'aa madaallii Dandeettii ogummaa fi gahumsa waliigalaa 15% keessaa kan qabamu ta'ee, Abbaan Alangichaayookiin muudamaan gumiin kan biroo kan ittiin of madaaluu 5% keessaa, miseensotni garee 5% keessaa fi Maamiltoonni kan kennan 5% keessaa shallaguun walitti ida'amee 15% keessaa bu'aa argamuun ta'a.
- 4) Shallagiin bu'aa madaallii Waliigalaa Abbaan Alangaa bu'aa qabxiwwan madaallii keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 tti jiran walitti ida'uun 100% keessaa argamuun ta'a.

36. Shallaggii Bu'aa Madaallii Ittigaafatamtoota Hojii

- 1) Shallagiin bu'aa madaallii raawwii karooraadeemsa/Garee/Darektooreetii/Mana Hojii isaa argatee gara 60% jijiiruun kan qabamuuf ta'a.
- 2) Shallagiin bu'aa madaallii naamusaa 15% keessaa kan qabamu ta'ee hoogganaan dhiyoo 5%, miseensotni garee 5% keessaa fi Maamiltoonni kan kennan 5% keessaa shallaguun walitti ida'amee 15% keessaa bu'aa argamuun ta'a.

- 3) Shallaggiin bu'aa madaallii Dandeettii gaggeessummaa fi gahumsa ogummaa 25% keessaa kan qabamu ta'ee, Abbaan Alangichaa kan ittiin of madaaluu 5% keessaa, miseensotni garee 5% keessaa, Maamiltoonni kan kennan 5% fi hoogganaan dhiyoo 10% keessaa shallaguun walitti ida'amee 25% keessaa bu'aa argamuun ta'a.
- 4) Shallaggiin bu'aa madaallii Waliigalaa ittigaafatamaa hojii bu'aa qabxiwwan madaallii keewwata kana keewwata xiqqa 1-3 tti jiran walitti ida'uun 100% keessaa qabxii argamuun ta'a.

37. Bu'aa Madaallii Waliigalaa Sadarkeessuu

- 1) Bu'aa madaallii waliigalaa qabxii 100% keessaa shallagamee sadarkaa raawwii isaa bifa shaniin: Daraan Ol'aanaa, Ol'aanaa, Gidduu-galeessa, Gad Aanaa fi Daraan Gad Aanaa jedhamuun kan sadarkeeffamu ta'a.
- 2) Hangi bu'aa madaallii waliigalaa sadarkeessuuf ka'umsa ta'u akkaataa armaan gadiin kan ibsamu ta'a:
 - a) Raawwii 90% fi isaa ol kan galmeessisan, Daran Ol'aanaa;
 - b) Raawwii 80%-89.99% kan galmeessisan, Ol'aanaa;
 - c) Raawwii 65%-79.99% kan galmeessisan, Gidduu galeessa;
 - d) Raawwii 50%-64.99% kan galmeessisan, Gad Aanaa;
 - e) Raawwii 50% gadii kan galmeessisan, Baay'ee Gad Aanaa.

38. Bu'aa Madaalliin Waliigalaa Hordofsiisu

Gumiin bu'aa madaallii waliigalaa irratti hundaa'uun akkaataa barbaachisummaa isaatti **Dambicha** bu'uura godhachuun tarkaanfiiwwan armaan gadii ni fudhata:

- 1) Beekamtii, badhaasa, carraa barnootaa, yookiin onnachiiftuuwwan biroo kennuu;
- 2) leenjii kennuu yookiin akka kennamu haala mijeessuu; yookiin
- 3) Sadarkaa irraa gadi buusuu yookiin hojii irraa gaggeessuu.

Kutaa Saddeet

Qaama Komii Dhagahuu fi Adeemsa Komiin Itti Keessummeeffamu

39. Hundeffama Koree Komii Dhagahuu

- 1) Koreen komii dhimnma madaallii dhagahu kanaan booda "Koree Komii" jedhamee kan waamamu sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Godinaatti Qajeelfama kanaan hundeffameera.
- 2) Itti waamamni Koree Komii Gumii sadarkaa Korichi itti hundaa'eetti jiruuf ta'a.

- 3) Koreen Komii sadarkaa Naannoo miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - a) Abbaa Alangaa Waliigalaa kan bakka bu'u Abbaa Alangaa tokkoo -----Walitti qabaa ;
 - b) Daarektara Inspeekshinii fi Dagaagina Naamusaa miseensa fi barreessaa;
 - c) Abbootii Alangaa Naannootiin kan filatamu Abbaa Alangaa tokko ----- miseensa;
- 4) Koreen Komii Sadarkaa Godina miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - d) Itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiin kan bakka bu'u Alangaa tokkoo ----- Walitti qabaa ;
 - e) Qindeessaa Inspeekshinii fi Dagaagina Naamusaa Godinaa.....miseensa fi barreessaa;
 - f) Gumii Godinaatiin kan filatamu Abbaa Alangaa Aanaa tokko-----miseensa;
- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, miseensi Koree Madaallii ta'ee tajaajilaa jiru miseensa Koree Komii ta'uu hindanda'u.
- 6) Hundeeffamni koree komii hanga danda'ametti dubartoota hirmaachisuu qaba.

40. Hojii Koree Komii

- 1) Koreen Komii hojiifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Komii madaalamaan dhimmoota madaallii raawwii hojii irratti barreeffamaan dhiyeeffatu ni keessummeessa;
 - (b) Komii dhihaatu irratti barbaachisaa yoo ta'ee komataa irraa ibsa dabalataa ni gaafata;
 - (c) Komiicha qorachuudhaan koreen madaallii akka deebii itti kennan ni taasisa. Dhimmoota komii dhiyaate adda baasuuf jecha qaama barbaachisuu haasofsiisuu fi ragaa barbaade sakatta'uu ni danda'a;
 - (d) Komii dhiyaate qorachuudhaan sirreeffama koreen madaallii taasisuu qabu yoo jiraate ragaa qabatamaa irratti hundaa'ee yaada murtii waliin Gumii sadarkaa sana jiruuf ni dhiheessa;
 - (e) Komiin dhiyaatee fudhatama kan hin qabne yoo ta'ee sababa isaa ibsuudhaan barreeffamaan komataadhaaf yaada murtii ni beeksisa.
- 2) Madaalaamaa komii isaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) tiin yemmuu dhiyeeffatu ijoo komii isaa ifatti adda baasee ragaan deeggaree dhiyeeffachuu qaba.

41. Adeemsa Komiin Itii Keessummeeffamu

Dhimmoota Madaallii keessatti komiin irratti ka'u hundi akkaataa armaan gadiin kan keessummeeffamu ta'a:

- 1) Madaalamaan komii madaallichaa irratti qabuu guyyaa madaalamtoonni bu'aa madaallii waliigalaan akka beekan ifoome yookiin maxxanfame irraa eegalee guyyoota hojii walitti aanan shan keessatti yookiin sababni humnaa olii yoo jiraate guyyaa hojii walitti aanan kudhan hincaalle keessatti komii isaa barreffamaan tooftaalee adda addaatti fayyadamuun Koree Komiif dhiheessuu ni danda'a;
- 2) Koreen Komii guyyaa iyyatni isaaf dhihaate irraa eegalee guyyoota hojii shan keessatti qaphxii akka komiitti dhiyaate qoratee yaada murtii gumii sadarkaan jiruuf ni dhiyeessa;
- 3) Gumiin yaada koree komii irra dhihaatu fudhatee sirreffama taasisuu ni danda'a. Yaada murtii dhihaate kan hin fudhanne yoo ta'e sababa isaa waliin komataaf deebii kennuu qaba;
- 4) Murtii dabarsuuf miseensota koree komii keessa namni lama yoo argame komii dhagahuun ni danda'ama. Murtiin kennamus sagalee caalmaan ta'ee bakka sagaleen walqixa ta'etti yaadni walitti qabaan deeggaramee murtii koree ta'a;
- 5) Madaalamaan murtii koree komii kenne irrattii komii qabu ol iyyannoo isaa barreffamaan guyyaa murtiin kennname irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti Gumii ol'iyyannicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiheeffachuu qaba;
- 6) Komiin murtii koree komii sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa irratti jiru Gumii Godinaatti kan dhiyaatu yommuu ta'uu komiin ol'iyyannoo sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Naannoo immoo Gumii Waliigalaatiif dhiyaata;
- 7) Madalamaan Murtii Gumii Godinaa irraa komii qabu ol'iyyannoo Gumii Waliigalaatiif dhiyeeffachuu danda'a;
- 8) Murtiin Gumii Waliigalaatiin komii dhiyaatu irratti kennamuu isa dhuma ta'a.

42. Sirna Walgahii fi Kenniinsa Murtii Koree Komii

- 1) Miseensota koree komii keessaa harki 2/3 yoo argaman walgaan guutuu ta'a.
- 2) Murtiin korichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'ee yaadni walitti qabaan deeggaramee murtii korichaa ta'a.
- 3) Koreen komii hojii hojjetu hunda qaboo yaa'iin deeggaramee raga qabachuu qaba.

43. Bara Tajaajilaa fi Haala Miseensi Koree Komii Miseensummaa Irraa Itti Hir'ifamu

- 1) Miseensi Koree Komii filatame tokko kan hojjetu guyyaa filatame irraa kaasee waggaa lamaaf ta'ee, yeroo hojii wagga tokko hin caalleef irra deebiin filatamuun ni danda'a.
- 2) Miseensi Koree Komii tokko haalota armaan gadiitiin hojii irraa ka'uu danda'a:
 - (a) Hojii idilee isaa yoo gadi lakkise;

- (b) Hanqina naamusaa yoo agarsiise;
 - (c) Sababa hanqina gahumsaa yookiin rakkoo fayyaatiin dirqama isaa bahachuu kan hin dandeenye ta'uun yommuu mirkanaa'ee;
 - (d) Bara tajaajilaa isaa yoo xumure; yookiin
 - (e) Yeroo dhimmisaa ilaalamuu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(d) jalatti kan ibsame miseensota filataman qofa kan ilaallatudha.
- 4) Miseensi koree madaallii akkaataa Keewwata kana Keewwata xiqqaa 2(a-d)tiin yoo hir'ifame miseensi biraabakka buufamuu qaba.

Kutaa Sagal

Tumaalee Adda Addaa

44. Haala Addaa Madaallii Abbootii Alangaa,muudamaa gumii kan biroo Yookiin Ittigaafatamtoota Hojii

- 1) Abbaan Alangaa, muudamaan gumii kan biroo Yookiin Ittigaafatamaan Hojii yeroo turtii marsaa madaallii sana keessatti madaalamuuf yoo xiqaate 75% hojii idilee Garee yookiin Adeemsa yookiin Daarektooreetii yookiin Mana Hojii isaarratti argamuuf qaba.
- 2) Abbaan Alangaa, muudamaan gumii kan biroo yookiin Ittigaafatamaan Hojii kan madaalamu Garee yookiin Adeemsa yookiin Daarektooreetii yookiin Mana Hojii yeroo turtii marsaa madaallii sana keessatti 75% oliif itti hojjatetti ta'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan Alangaa, muudamaan gumii kan biroo yookiin Ittigaafatamaan Hojii sababa jijjiirraan yookiin guddinaan bakka 75% oliif itti hojjatetti argamuuf kan hindandeenye yoo ta'e madaalliin marsaa darbe gaggeeffame kan qabamuuf ta'a.
- 4) Abbaan Alangaa, muudamaan gumii kan biroo Yookiin Ittigaafatamaan Hojii Garee/Adeemsa/Daarektooreetii/Mana Hojii isaatiin ala dhimma hojii Mana Hojichaa yookiin Mootummaatiif beekamtii hoogganaa dhiyootiin sababa hojii biraa irratti bobba'eef akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin kan madaalamuuf ulaagaa hin guutne yoo ta'ee madaalliin marsaa darbe gaggeeffame kan qabamuuf ta'a.
- 5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin Madaalamaan ulaagaa madaallii kan guutullee yoo ta'ee, sababa dhimma hojii Mana Hojichaa yookiin Mootummaatiif beekamtii hoogganaa dhiyootiin hojii biraa irratti bobba'eef yookiin sababa gahaaf hojiirra hin turree

yoo ta'ee bayyinni hojii isaa kan shallagamuu baay'ina hojii madalamaan yeroo hojiirra turetti hojjetee irraa shallaguun kan qabamu ta'a.

- 6) Abbootii Alangaa Inistitiyuutii Qorannoo fi Qo'annoo Seeraa Qaamolee Haqaa Oromiyaa keessatti akka leenjisaniif mana hojichaan ramadaman yeroo leenjisummaan turan keessaatti kan madalamaan akkataa hojimaataa Inistituyuutichaatiin ta'ee bu'aan madaallii isaanii yeroo yeroodhaan galmee isaaniin kan wal qabatu ta'a.
- 7) Abbaan Alangaa beekamtii Mana hojichaatiin hojii irraa bilisa ta'anii barumsaa yeroo dheeraa baratan yeroo barumsa irraa turanitti kan hin madaalamne ta'ee yoo bu'aan madaallii dhimmoota gara garaaf kan barbaachisu ta'e garuu bu'aan madaallii kan yeroo Abbaan Alangichaa hojii irraa turee kan qabamuuf ta'a.

45. Dirqama Deeggarsa Kennuu

- 1) Madaallii Raawwii Hojii akkaataa qajeelfama kanaatiin gaggeeffamuu keessatti Abbootiin Alangaa, muudamaan Gumii kan biroon, ittigaafatamtoonni hojii fi hawaasni Mana Hojichaa hundi deeggarsa isaan irraa barbaadamu gochuu qabu.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin dirqama irraa eegamuu bahuu dhabuun akka hir'ina tokkootti qabamuun qaama madaallii ta'uu yookiin akkaataa hojimaata mana hojichaatiin tarkaanfii bulchiinsaa kan fudhachiisu ta'uu ni danda'a.

46. Miiltoon Qaama Qajeelfamaa kanaa ta'uu

Miiltoon dhuma qajeelfama kanaatti qabatee jiru hundi akka qaama qajeelfama kanaatti ilaalama.

47. Seerota Raawwatinsa Hin Qabaanne

Qajeelfamnii fi hojmaanni Qajeelfama kanaan walfaallessuu dhimmoota qajeelfama kanaan hammataman irratti raawwatinsa hin qabaatu.

48. Yeroo Hojii Irra Oolmaa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun guyaa Gumii Waliigalaatiin **mirkanne'e (____bara 2013)** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, ____bara 2013

Huseen Usmaan Adam

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa fi Walitti Qabaa Gumii Waliigalaa